










# ARTIFICIAL INTELLIGENCE





BARREESSAAN
BIINIYAAM DAANI'EEL

# SEENSA

- Akkuma beekkamu nuti kan jiraataa jirru jaarraa 21ffaa isa saayinsii fi teeknoolojiin guddataa jiruufi akkasumas teeknooloojiwwan haaraa ta'an keessatti burqaa jiruudha. Jaarraa kana keessatti baay'ee qaroomanii argamuufi akkasumas addunyaa irratti guddatanii argamuuf ykn isa afaan ingiliffaan ''global power'' jennu sana ta'anii argamuuf yeroo kanatti addunyaan sa'aatii saayinsiifi teknoolojiif xiyyeeffannoo guddaa kennitee hojjetaa jirtuudha.
- Teeknooloojiiwwan kana keessa jaarra kana keessatti baay'ee murtessa kan ta'e fi ''global power'' ta'anii argamuuf xiyyeeffannoon guddaan kennameefii kan irratti hojjetamaa jiru keessaa ''artificial intelligence'' isa tokkodha. Pireezidaantiin Raashiyaa kan ta'an Vilaadmiir Puutiin yeroo tokko akka jedhanitti ''Jaarraa kana keessatti biyyi tokko global power ta'een argama jettee yaaddi taanaan artificial intelligence irratti hojjechuu qabdi; sirritti AI 'advance' yoo taate biyyi tokko amantus amanuu baattus addunyaa irratti biyyi ishee gitu hin jiru,'' jechuun ibsee ture. Kunis AI hangam murteessaa akka ta'e agarsiisa.

- Anis barreeffama gabaaba kana akka dhiyeessuuf kan na kakaasee biyyi keenya akkuma beekkamu saayinsiifi teknoolojiin duubatti haftuudha, ta’us teeknooloojii kana sirritti namni hunduu beekee guddinna baay’ee ajaa’ibsiisaa gama qonnaan, fayyaan,waraanaan, saayinsii fi teknoolojiin, diinagde fi k.k.f akka guddattu waan amaneefi. Keessattu barattoonni ykn barsiisonni akkasumas hawasni waa’ee artificial intelligence irratti hubannaa cimaa akka qabaatuuf yaadamee kan dhiyaatedha.

# <u>HUBACHIISA</u>

- Barreeffama kana keessatti hiika '**artificial intelligence**' jedhuuf dandeetti nam-tolchee kan jedhu yaadus garuu qayyabannaaf akka toluuf jedhee isuma afaan ingiliffaa akka fayyadamee dhiifama wajjiin isiniif ibsuun barbaada.
- Inni biraa immoo gabaajeen **''AI''** jedhus jecha artificial intelligence jedhu kan bakka bu'u ta'uu na hubadha jechuun barbaada.
- Jechoonni tokko tokko gara afaan oromootti hiikuun rakkisaa waan ta'eef isuma ingiliffaa akka fayyadames isin hubachiisuun barbaada.

**Dubbisa Gaarii!!!**

- Gaaffii akkasumas Yaada barbaaddan naaf dhiheessuu yoo barbaaddan teessoo armaan gadiitiin na argachuu dandeessu

    lakk:- +251935011065

    telegiraamiin:- @benasphy

    EMAIL:- 1903binijesu@gmail.com

- Akkasumas odeeffannoo garagaraa yoo barbaaddan chaaneelii koo telegiramii:- @amazing_space_fact jedhuun nu hordofuu ni dandeessu!
- Kitaabota beekumsa waliigalaa kanaan dura bifa PDF'n barreesse :-

    - **'Kana Beektuu ?'** kan afaan oromoofi

    - **'Did You Know ?'** kan afaan Ingiliffaatiin barreesseedha.

Kitaabota kanneen immoo chaaneelii armaan olii irratti argachuu dandeessu.

# GALATA

- Duraan dursee kan asiin na gaheef waaqa guddaaf galannii haa ta’u jechaa, hiriyoonni koo gama adda addaatiin na deeggaraa turtaniif galatni keessan guddaadha!! Akkasumas maatii koo asiin na gahaniifis galatnifi jaalallii isinii qabu kan laakka’amuu miti! Wantoota kamiiyyuu caalaa kan na ijaareefi sammuu beekumsaaf dheebote kana kan na nyaachisan kitaabotaaf!! Galannii koo isaaniif qabu garmaleedha!

**GALATA ADDAA**

**BEEKAA NAGAWOOTIIF**

- © mirgi maxxansaa seeraan kan eeggamedha! Eeyyama Barreessaan ala maxxansuun akkasumas akkuma jirutti keessa fudhatanii dhimma ofiitiif oolchuun kan dhorkameedha!

- Kitaaba kana yoo jaalattaniifi akkasumas saayinsiif teknooloojii dagaagsuu warri barbaaddan kitaabota akka kanaafi kanneen biroo jiran walii daddabarsuun namni bira akka dubbisu akka gootan kabajaan isin gaafadha! Galatoomaa!


# KUTAA TOKKO
# Maalummaa fi Seenaa AI

- Maalummaa fi seenaa AI osoo hin seeniin dura filmii ‘’transcendence’’ jedhuufi keessattuu fiilmii ‘Arnold Schwarzenegger’ irratti hojjate ‘’terminator’’ namoonni tokko tokko ilaaltaniittu jedheen yaada; akkuma ilaaltan sana Artificial intelligence baayyee kan isin ajaa’ibsiiseefi afaan isin qabachiise akka ta’e nan amana. Asiin gaditti waa’ee AI sirritti haa ilaallu keessattuu maalummaa fi seenaa isaa.







- ‘Mathematician’ beekkamaa kan taheefi ogeessa saayinsii koompiyuuteraa kan tahe ‘’Alan Turing’’ keessattu yeroo waraana addunya lammaffaa biyya isaa ingiliiziif dhaabbatee ‘’Enigma Code’’ kan jedhamu kan warra jaarmanii cabsuun kan beekkamudha. Hayyuun kun nama yeroo duraatiif bifa tiyooriin yaada Artificial intelligence nama dhiheesse ture.




- Yeroo duraatiif jecha artificial intelligence jedhu kan fayyadame immoo ‘’John McCarthy’’ kan jedhamuun bara 1956tti ture; Namni kun barsiisaa herreegaa kolleejjii ‘Dartmouth, New Hampshire’ keessatti ture. Innis walgahii ykn koonfireensi tokko irratti ture yeroo duraatiif jecha artificial intelligence amma fayyadamnu kana kan kenneef.



- **Artificial intelligence jechuun maalii?**
- Artificial intelligence dame saayinsii koompiyuutera (computer science) isa baldhaa kan ta'eefi kan inni irratti xiyyeeffatu maashinoota qaxalee (smart) ta'an hojjechuudha; ta'us ciminna ykn dandeetti dhala namaa kan barbaadani dha kana jechuun ilmi nama program hanga isaan godhutti alatti hin hojjeten yookaan immoo dandeetti mataa isaanii akka dhala namaa hin qaban jechuudha. AI yeroo baayye kan irratti hundaa'uu yookaan immoo hundeen isaa ''**machine learning**'' fi '' **deep learning**'' dha. Maalummaa isaan lamaan kanaa fuulota itti aanan irratti kan argattan ta'a.
- Keessattuu rakkoon yeroo baay'ee ilaallamu namoonni baay'een ''artificial intelligence'' yommuu jedhamu sammuu isaanii dura kan dhufu ''Robot''dha. Garuu robot kutaa AI keessaa isa tokko malee AI wajjiin tokko miti. Nuti sirritti hin ilaallu malee jireenya keenya keessatti guyyaa guyyaan hojii irra oolaa jira. Fakkeenyaaf:-GPS system, Google assistant, SIRI ishee mobile apple keessa jirtu, facial recognition, drone, driveless car, autopilot plane, fi k.k.f eeruun ni danda'ama.

- **Intelligence (dandeettii ykn ciminna) yeroo jennu maal jechuu keenya?**

Namoonni baay’een artificial intelligence ilaalanii intelligence jechuun akka dhala namaa cimaa kan ta’ee jedhanii waan fudhataniif akkas itti fakkaachuu danda’a; garuu ‘intelligence’ yeroo jennu ‘’cognitive skill’’ ykn dandeetti waan tokko shaakalanii barachuu jechuu dha. Isa kana immoo sammuun keenya ni raawwata haaluma kanaan dandeetti shaakalanii barachuu kana maashinoota barsiisuun akka waan tokko raawwatan waan taasisuufi akkasumas maashinichi namaan kan tolfame waan ta’eef ‘’dandeettii nam-tolchee’’ ykn ‘’artificial intelligence’’ jennee waamna jechuudha.



# Daataa fi Artificial Intelligence

- **Daataa fi artificial intelligence hariiroo maalii qabu?**
- Akkuma beekkamu daataan walitti qabama dhugaa (fact) kan ta’aniifi laakkofsa, jechoota, ilaaluu (observation) fa’a kan of keessatti qabateedha. Akkuma beekkamu AI dandeettii ‘’cognitive’’ isaa guddisuuf dirqama daataa isa barbaachisa jechuu isaan ala Artificial Intelligence wanti jedhamu hiika dhabeessa ykn ‘meaning less’ ta’a jechuudha. Kanaafuu daataa wajjiin hariiroo cimaa qabu.

- **Machine learning fi deep learning maalii?**
- Machine learning kutaa AI ta’ee dandeetti sirni (system) sun mataa ofiitiin (autonomous) dandeettii duraa qabuun (experience) irraa qofa fayyadamuun osoo ‘program’ hin taane akka of guddisu gochuudha.
- Deep learning immoo kutaa artificial intelligence ta’ee karaa sammuu namaafi wantoota miiraa tuqamee dhawaataan ykn ‘process’ inni keessa darbuufi ‘pattern’ inni uumee deebii deebisu sana fayyadamuun maashinootnis tartiiba sanaan akka dalagan gochuudha. Sababa kanaan yeroo baayyee ‘’artificial neural network’’ jedhamu.

# kana beektuu?

- Maashiniin yeroo ammaa ‘smart’ jedhamtu saayintistootniifi  injineerotni 1300 kannneen lammii Chaayinaa ta’an hojjatan ‘’Tianhe-2’’ ykn ‘’milky way 2’’super computer yommuu ta’u hojiin ishee ‘application’ ykn hojiirra oolmaa wantoota fiiziksii wajjiin wal qabatan irratti baldhinnaan kan xiyyeeffattuudha!!






- **Robot fi AI gidduu hariiroo maaltu jira?**
- Robot maashinii kan ta’eefi wantoota itti kenname akka raawwatuuf immoo machine learning kan fayyadamuudha. Akkuma dura ibse sana immoo machine learning kutaa AI kan ta’eedha. Akkuma dura ibse sana immoo robotinis kutaa AI keessa isa tokkodha.
- Garaagarummaan isaanii robot bifa qaamaatiin (physical form) argamuu kan danda’uudha; garuu AI program waan ta’eef bifa qaamaatiin yoomiyyuu argamuuf kan dirqamu miti garuu robot bifa qaamaatiin argamuun dirqama.



# KUTAA LAMA
# GOSOOTA ARTIFICIAL INTELLIGENCE


- Gosootni artificial intelligence baay'etu jiru. Garuu isaan gurguddoofi bebbeekkamoo sadiitu (3) jira. Asiin gaditti eenyuun fa'a akka ta'aniifi maal akka ta'an haa ilaalluu:-

## 1. Artificial Narrow Intelligence (Dandeettii nam-tolchee isa dhippaa, ANI)

- Artificial narrow intelligence kun yeroo tokko tokko artificial intelligence isa salphaa (weak AI) jedhamu. Gosti artificial kanaa kan inni hojjachuu danda'u waan tokko qofa kan ta'eedha. Gochoota lamaafi isaa ol yeroo tokkotti raawwachuuf baa'yee kan rakkisuudha ykn kan hin dandeenyeedha. Yeroo baay'ee AI jireenya guyyaa guyyaa keenya keessatti fayyadamnu baay'een isaanii gosa artificial intelligence kanaati.

- Waan tokko qofa dalaguu danda’a jechuun kan inni program ta’eef tapha cheese akka taphatuuf yoo ta’e kan inni dalaguu danda’us isa kana qofa jechuudha. Osoo akka kubbaa taphatu ajaja kennineefii hin taphatu jechuudha.

- Fakkeenyota gosa AI kanaa keessaa muraasni :-
  - Watson kan IBM
  - Cortana kan Microsoft
  - SIRI kan Apple
  - Alexa kan Amazon facial recognition (fuula namaa kan adda baasuu)
  - Rankbrain kan google fa’a eeruun ni danda’ama.







WATSON OF IBM

AMAZON ALEXA







MICROSOFT CORTANA

FACE RECOGNITION


Google

RANKBRAIN



## 2. Artificial General Intelligence (AGI)

- Yeroo tokko tokko Artificial intelligence isa cimaa (strong AI) jedhamuun waamama.
- Sadarka kanatti maashinoonni jiran kan waan tokko raawwatan gargaarsa namaan osoo hin taanee dandeettii mataa ofiitiin barataniifi hojiirra kan oolchaniidha; akkasumas dandeettiin,amalaaniifi hojiin kanneen dhala namaatiin walitti dhiyaatanidha.
- Hangammaatti maaashinoota akkasi saayintistooonni hin kalaqne. Kalaquuf immoo maashinoota sana si'ataa yookaan 'conscious' gochuu qabu; kunimmoo baay'ee rakkisaadha.


f(x) ≤ 5
x²–4x+5 ≤ 5
x²–4x ≤ 0
[f(x)·g(x)] = ℓ·m
20
6
x
y
126 = 6xy
E=mc²

- Hangammaatti kan dhala namaayyuu maaf ‘conscious’ akka ta’e ragaan quubsaan hin jiru; akkasumas dandeettii ‘cognitive’ isaanii guutuu akka ta’utti program ta’uu qabu; fulduraaf uuumamu akka danda’u saayintistoonni baay’een ni tilmaamuu.

## 3. Artificial super intelligence (ASI)

- Gosti artificial intelligence kanaa immoo garmalee kan nama ajaa’ibuufi ‘impossible’!! Kan nama jechisiisuudha sababni isaas dandeetti dhala namaa caalaa waan qabaataniif, yeroo baayyee AI gosa kana filmii asoosama saayinsii ykn ‘’SCIENCE FICTION’’ irratti kan muldhatuu dha.
- Namoonni ‘’futurist’’ ta’an baay’een gosti AI akkanaa ni kalaqama kan jedhanis ni jiru garuu kanneenn mormanis akkuma jiranitti.
- Sanas ta’ee kana maashinoonni dhala namaa ol taanaan, jiraatuu dhala namaaf baay’ee sodaachisaafi hamaa kan ta’eedha jedhamee Yaadama.



# Kana Beektuu?

- Abbaa qabeenyaa beekkamaa kan ta’eefi ‘saayinsiifi teknoolojii’ irratti xiyyeeffannoo inni keennuun akkasumas akka dhuunfaa kootti nama fakkeenyummaa guddaa naaf ta’uufi baay’ee jaaladhu ‘ELON MUSK’ sodaa AI’f qabu yommuu ibsu, ‘’Nuti amma irraa sirritti yoo hin to’anne AI dhugaa na amanaa ‘north korea’ caalaa nu sodaachisuu!’’ jechuun ibseera.






# KUTAA SADII

# Faayidaafi Hojiirra oolmaa AI


- Akkuma sila ibsetti AI jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti kan ittiin gargaaramnuufi dhimma itti baanu ta’ee osoo jiruu namoonni hedduun yeroo baay’ee jiraachuu isaanii kan hin hubanneedha.
- Faayidaafi hojiirra oolmaa AI barreessuuf kitaabni tokko naaf hin gahuu garuu isaan muraasaafi ajaa’ibsiisoo ta’an asiin gaditti isiniif dhiheessa.

- **Google assistant:-** namoonni bilbilli keessan Android ta’e mallattoo sadan fuula duraa irratti argaman kan bifa armaan gadii fakkaatan fakkii asiin gadii keessa isa gidduu sana humnaan yoo tuqxan isiniif dhufa. Hojiin guddaan google assistant wantoota adda addaa wajjiin dubbachuuf akkasumas gaaffii gaaffachuuf gargaara.

Google Assistant



- **SIRI:-** bilbila android osoo hin taanee kan apple qabdan baay’ees hin dallanina yookaan kan koo akkamitti dhaba jettee aartee yoo jiraatte rakkoo hin qabu hin aarin atis AI akka google assistant ajaa’ibaa ta’e kan SIRI jedhamtu ni qabda waan taheef baay’ees hin aarin amma argatte jedheen amana akkasumas fuulli kee ifaa jira!!



- **EVA (electronic virtual assistant):-** AI kun beekkumsa wantoota adda addaa kumaatamaan laakka’amu irraa argattuun ykn mala machine learning fayyadamuun maamiltoota baankii ta’aniif seekondii 0.4 yeroo hin geenye keessatti deebii deebisuun tajaajila cimaa kennaa jirti.
- AI baayyeen isaanii qonna (agriculture) keessatti dhibbantaa 50’n nyaanni akka dabalamee oomishamu taasisuun, aramaan midhaan akka hin badne ittisu keessatti AI irratti kan hundaa’ee fi application ‘’plantix’’ jedhamu ‘nutrient’ iddoo hirdhatee fa’a ilaalanii beeksisuun gumaacha guddaa damee qonnaa keessatti bahaa jiru.

- Kaampaaniin ’’Cambio Health Care’’ jedhamu tokko sagantaa ykn ’’program’’ AI irratti hundaa’ee tokko hojjate. Kan inni fayyadu immoo namni tokko osoo balaan ’’stroke’’ isa irra hin gahin duraan dursee fala itti himuun akeekachiisa.
- Kaampaaniiwwan bebbeekkamoon konkolaataa Kan tahan ’’Waymo’’ fi ’’Uber’’ faati konkolaataa ofiin deemuu ykn ‘drive less/ autonomous’ kan ta’e garuu guutumaan guututti ofiin kan deemuu kan ta’e miti, ta’us innis irratti kan bu’uureffate Artificial intelligence irratti hunda’aniiti.









WAYMO

UBER

- Faayidaa guddaafi dhala namaa jijjiiruu kan danda’an artificial intelligence qorannoo hawaa irratti ykn ‘’space exploration’’ irrattidha. Akkuma beekkamu hanga ammaatti dhalli namaa lafa irra jiraannuun alattti bahee Qaama hawaa biraa inni irra qubachuu danda’ee addeessa ykn ‘Moon’ qofa irradha. Innis ‘mission Apollo’ bara 1969 hanga 1972tti ture. Sanaan ala bahee deemee qubachuuf haalli qilleensa isaaniifi wantoonni biraa kan mijatanii miti .
- kun immoo yeroo dheeraaf qorannoo hawaa akka hin guddanne tilmaamamee ture, garuu galata AI ‘robot/ rover’ baay’ee amma naannoo Mars, pilaaneetota biroo fi addeessota tokko tokko fa’a irra qubatanii qorannoo baay’ee akka geggeessan taasisee jira. Robot gara mars ergamte ishee yeroo dhihoo ‘perseverance’ kan yaadatamtuudha. Isheen duraa immoo ‘opportunity’ fa’a eeruun ni danda’ama. Kunis kaayyoo dhalli namaa pilaaneetiwwan garagaraa irra jiraatuu qabu ykn ‘being multi planetary’ kan jedhu keessattuu kan akka ‘Elon Musk’ fa’a yaadni kun akka galmaan gahaniif carraa guddaa ta’aa dhufeera.







# ROVER MARS IRRA JIRAN

- ‘Elon Musk’ akkuma beekkamu abbaa kaampaanii ‘SpaceX’, ‘Tesla’, ‘Solar city’, ‘Boring company’, ‘Neuralink’, ‘Hyperloop’, fa’a kan ta’eedha. Innis yeroo dhihoo kana kaampaaniin konkolaataa oomishu isaa ‘TESLA’ bara kana konkolaataa of-oofuu danda’an (*self driving*) ta’an akka dhiheessu dubbateera!
- AI irratti bu’uureffate kan hojjatame ‘Muse Net’ kan jedhamu muuziqaa garagaraa ‘compose’ gochuufi wantoota adda addaa irratti hojjechaa jiru.
- Robootii namoonni baayyeen biyya keenya beekan ‘sofia’ faati fakkeenya birooti.





# SOPHIA (SOOFIYAA)




TESLA


# KUTAA AFUR

# MIIDHAA ARTIFICIAL INTELLIGENCE

- Wantoonni hunduu jechuun hanga danda'amutti wanti faayidaa qabu miidhaas akka qabu namoonni baay'een ni amanu; dhugaan jirus akkasuma.
- Artificial intelligence kutaa sadii keessatti faayidaa inni dhala namaaf buusaa jiru guddaa kan ta'eefi achii keessa muraasa isiniif dhiyeessuuf yaaleen ture garuu akkuma faayidaa qabu sanas miidhaas qabaachuu isaa hin dagatinaa! Mee miidhaa AI fidu keessa muraasa haa ilaallu:-
- AI Qarshii baayyee guddaa ta'e baasisuu ykn baasii guddaaf kan nama saaxilanidha. Fakkeenyaaf AI 'SIRI' jedhamtu kan Apple qarshii doolaara miiliyoona 200'n Apple bitamte kun immoo qarshii biyya keenyaan yoo ilaalle gara biiliyoona 7 deemaa ajaa'iba abboo!! Sanaan alatti immoo yeroo yeroon 'upgrade' ta'u ykn haaromuu waan qabaniif baasii hin taaneef nama saaxilu!

- Akkuma beekkamu yeroo dheeraaf maashinoonni dhala namaa caalaa hojjachuuf dandeettii qabu. Kunimmoo laakkofsi hojii dhabdummaa garmalee akka dabalu taasisa.
- ‘creativity’ ykn dandeettii waa uumuus hin qaban.
- ‘cyber criminal’ ykn gochoota seeraan alaa ‘network’ ykn mantaggoo wajjiin walqabatan ykn ‘cyber’ irratti yeroo baay’ee namoonni AI fayyadamaniidha kan balaawwan adda addaa geessisan. Kun immoo biyyootaaf gaarii kan ta’u miti.
- AI kunniin dogooggoraan ‘program’ yoo ta’an waraana (military) keessatti lammiilee nagayaa (civil) fi garee mataa ofii irratti miidhaa geessisuu danda’uu. Akkasumas kan kana fakkaatan eeruun ni danda’ama.


A.I In Military
•UAV Drone's
•Automatic Tanks
•Military soldiers
•Alpha Dogs / Big Dogs





- Miidhaawwan asii olitti ka’e kanneen AI akka hin dhaqqabsiifneef seeraan yeroo baay’ee kan daanga’eedha. Biyyooni baay’een seera isaanii AI wajjiin waan wal qabatuu irratti sirritti cimsu.
- Garuu asirratti wanti hubachuu qabnu miidhaa kanaan olitti dubbadhe waan dhaqabsiisuuf jettanii AI gadheedha jettanii hin yaadina nyaanni isin nyaattanis seeraan yoo hin fayyadamne akka isin miidhuu hin irraanfatinaa akkuma sanaan AI seeraan yoo fayyadamne jireenya dhala namaa kan tarkanfii tokko gara fuldura tarkaanfachiisuu ni dandeenya!!

# KUTAA SHAN
# ARTIFICIAL INTELLIGENCE FI GARA FULDURAA

- Artificial intelligence nuti amma arginu kun kan gara waggaa 60 laakkofsiseedha; erga eegalamee jechuudha. Kan fulduraa hoo? Isa akka 'terminator' irra jiru moo qaroominaan immoo isaa 'star trek' filmii jedhaman irratti ilaalle waan geenyuu isinitti fakkaata? Deebii isaa isiniif akka yaaddanii deebistaniif isinii dhiiseera garuu osoo wa'ee kana hin yaadin osoo bira darbuu dhiistanii natti tola!
- Artificial intelligence guddinna koompiyuutaraa irrattis hanga tokko ni hundaa'a; kana kana jechuun ciminni koompiyuutara yommuu dabalaa deemuu carraan AI guddachuu dabalaa deemuus ni jira.

# Kana beektuu?

- Dhuma naannoo bara 2024 dhaabanni hawaa NASA jaarraa walakkaan booda dhala namaa gara addeessatti erguuf akka ta'u ibseera! Innis 'artemis generation!' mission jedhuun kan raawwatamu ta'a.



- ‘Intelligence’ ykn dandeetti koompiyuutarri tokko yeroo ammaatti ciminna sammuu kan raammoo lafaa ykn ‘earth worm’ hin gahuu!! Garuu seerri tokko ni jira kan koompiyuutaroonni ittiin bulan innis ‘’Moore’s law’’ kan jedhamuudha. Akka seera kanaatti koompiyuutarri tokko ‘transistor’ isaa garaagarummaa ji’a 18’n dachaa ta’a akkasumas saffisni (speed) fi walxaxiinsi (complexity) isaaniis dachaan guddataa deemaa inni kun immoo dandeettii isaanii dabaluu danda’a jedhamee yaaddama garuu seerri namicha kanaa yeroo dhihootti akka xumuramu dubbatama sana booda ‘quantum computer’ akka guddaatu hawwiin eeggama!

- Sanas tahe kana namoonni baay’een artificial intelligence garmalee akka guddatuufi dhiibbaa inni gara fulduraatti fidu guddaa akka ta’e dubbatama. Saayintistiin beekkamaan addunyaa keenya ‘Stephen Hawking’ dhalli namaa artificial intelligence akka hin dhumanne ykn hin badne jedhee sodaata; yookaan faallaa kanaan AI gara fulduratti wantoota murteessoo ta’aniif dhala namaa jijjiiran keessaa tokko ta’us carraa guddaa qaba!!




# STEPHEN HAWKING

DHUMARRATTI EERTUU KOO TOKKOON GOOLABA

# “ARTIFICIAL INTELLIGENCE WAAN GAARIIF, DHALOOTA BORIIF”

# KITAABA WAA’EE AI KANA KAN DHALOOTA SAAYINSII FI TEKNOLOJIIN DAGAAGE OOMISHU IRRATTI XIYYEEEFFATE WAAN DUBBISTANIIF GUDDAA GALATOOMAA !!

# ”SCIENCE IS OUR KEY TO FUTURE! IF YOU DON’T BELIEVE IN SCIENCE YOU’RE HOLDING EVERYBODY BACK”

# BILL NYE